# Hiikoo: Hiyyeeyyii fi Warra Abbaan Manaa irra du’ani

Deenis Dickinsoniin 2020

“Hiyyeessota yeroo hundaa of biraa qabdu,” jedhe Yesuus. Garuu hiikoon heyyeessaa jedhuu maali? Namootni garaa garaa qarshii ergaa “heyyeeyyii, warra abbaa manaa hinqabne gargaarra” jedhu.

Hiyyummaan duraan kan turee fi kan kan itti fufuudha. Lolli sababa guddaa ta’uu mala. Sababa lolaaf beelli, maatii dhabuun…ni uumama. Macaafni qulqulluun yemmuu waa’ee hiyyummaa dubbatu – qarshii sababa adda addaan dhabuu waliin adda baasee ibsa. Hiyyeessota sirrii, warra abbaa warraa hin qabne haala isaanii waliin adda baasee dubbata. 1 Ximxewos 5 irratti, waldaan deggersa eenyuuf akka gootuu fi hin goone ni ibsa.

Afaan Grikiitti “gursummaa” jechuun nama gatame, fira kan hinqabne jechuudha. Tasumaa nama jireenyaaf waa hin qabne jechuudha. Kanaafuu, 1 Ximxewos 5, “Hundumatu gargaarsa barbaada,” yoo nama ykn fira ishee gargaaru qabaatte, deggersi hin barbaachisuuf jedha. Akka macaafa Ruutitti, dubartiin abbaan manaa irraa du’e, haadha abbaa warraa isheetu ishee gargaara. 1 Ximxewos 5 irraas, dubartootni abbaan warraa irraa du’e fira isaaniitiin haa deggeraman malee waldaatti ba’aa hin ta’in jedha.

Akkasumas ijoolleen abbaa fi haadhi irraa du’an, warra hiyyeeyyii ta’an irraa addatti ilaalamuu qaban. Heyyeessa jechuun Afaan Grikiin- nama jireenya baay’ee gadi bu’aa jiraatu, miidhamaa jechuudha. Kanaafuu, nama deggersa gaafatu-homaa hin qabneedha. Warra karaa cinaa taa’uun kadhatan – Yesuus gargaaraa ture. Garuu warra kaan barbaadee hin gargaarre.

Utuu hiyyeeyyii hin ta’in ijoollee hiyyeessotaati jechuun deggersa kan gaafatan argeera. Yeroo deggersaaf nagaafatan, gaaffii an gaafadhu ija jabaatanii naaf hin deebisan. Nama tokkoon, ijoollee kana gara maatii isaaniitti deebisi iddoo maqaa isaaniitiin kadhattun jedheen. Namoonni baay’een hojii ogummaa godhachuun maqaa hiyyeeyyiin kadhataa jiru. Suuraa wal hin fakkaanne dhiyeessu. Kiristaanoti hedduun dhimma kana irrati macaafni qulqulluun maal jedha osoo hin jedhin maallaqa isaanii ergu.

Geggeessitooti dhugaan garuu akka macaafa qulqulluutti warra deggersi ta'uuf adda baasuun deggeru. Kirstaanoti macaafa qulqulluu qorachuun sirriitti beekuu qabu malee, luqqisaan jiraachuun garmalee qabeenya isaanii qisaasessuu hin qaban.

Namni uumama isaan faayidaa isaaf walirratti hirkachuu fedha. Nuti garuu akka barbaachisummaa isaatti deebii kennuu qabna. Waaqayyo isa karaa firootaa, maatii, mootummaa fi warra biyya bulchanii waan barbaachisu nuuf kennu fi karaa dubbii isaa akka nu jiraachisu nutti dubbatu waan yakkineef araara kadhachuu qabna.

# WANGEELAA fi Misiyoonummaa

Gaaffii wangeela irratti yeroo baay'ee naaf dhiyaatuuf namootaan akkasan jedha, "dhaqaatii dubbii kana dubbifachuun hojiitti hiikaa" yemmuus gaaffiin keessan ni deebi'an jedhaan.

Qolosaayis 4:16, Ergaan kun isin gidduutti erga dubbifamee booddee waldaa Laa'odeqiyaattisa akka dubbifamu godhaa!

1Taseloniiqee 5:27, Hadaraa gooftaa ergaan kun namoota hundumaaf haa dubbifamu.

Ani yeroo baay'ee guutummaa macaafa qulqulluun namootaaf dubbisa, namoonnis itti gammadu.

Deenis Dickinsoniin 2020

Whitestonemissions

# Hiikoo: Hiyyeeyyii fi Warra Abbaan Manaa Irraa Du'ani Fi Wangeelaa fi Misiyoonummaa